Ergamaan Rabbiis (SAW) "Eeyyen! Ji'oota biraa Karaa Rabbii(Jihaada) irratti Hirmaachuus Ni Caalu . Fuula isaa biyyee irra kan godhe (Kan Wareegame) Osoo hafu Jechuun Deebisan ."

Baaz-zaar Fi Ibnu Hiiban gabaasaniiru

Guyyoota guyyaa Arafaa of keessatti qabatan

Guyyaan arafaa ji'a zulhijjaa keessa guyyaa 9 ffaadha.hojiin hajjii guddaan guyyaa keessa raawwatamuudha.guyyaa namoonni ibidda irraa bilisoomanuu fi yakki namaaf dhiifamu guyyaa carraa addaa qabuudha.guyyaan kurnan zulhijjaa kun osoma guyyaa arafaa kana malee waan biraa of keessaa hin qabneellee kana qofa qabaachuudhaan sadarkaan isaa guddaa ta'a.

GUYYOOWWAAN IBAADAA GURGUDDAA OF KEESSATTI QABATAN.

Al haafiz ibnu hajar kitaaba isaanii fathul baarii jedhamu irratti akkas jedhu " guyyoonni zulhijjaa kurnan guyyoota biraa irraa wanti adda ta'aniif ibaadaawwan ijoo ta'an hunda waan of keessatti qabataniifi. Isaanis salaata, sadaqaa,soomaa fi hajjiidha.

Yeroo biraa keessa ibaadaawwan kunniin walitti qabamuu hin danda'an.mataa keenyaa fi maatiiwwan keenya dammaqsinee ibaadaaf haa dammaqnu. Allahaan guyyoota kana qunnamuu nuuf haa arjoomu.

GUYYOOTA CAALTUU KANA AKKAMITTI HAA FAYYADAMNU?

1. Takbiiraa keessa baayyisuun

Abdallaa ibnu umarii fi abii hurayraan -rabbiin isaan irraa haa jaallatuu- Allahu akbar jedhaa gara gabaa deemu.namoonnis takbiiraa isaanii dhagahanii jedhaa turan.umar ibnu khaxxaabis goojjoowwan minaan keessatti takbiiraa jedhaa kan turanii fi namoonni takbiiraa isaa dhagahanii masjiidatti kan jedhan ture. Akksumas namoonni gabaa keessatti argaman minaan takbiiraadhaan hanga sochootu tokko takbiiraa jedhaa turan.(fathul ghafar)

2. Namni hajjii keessatti hin hirmaanne guyyoota salgan soomuu

Kanas Hasan, ibnu siiriin, qataadaanii fi taabi'oonni biroo akkasumas sahaabonni hedduunis hojjetaa turan.

Imaam annawawwiin ni jedhan " guyyoota salgan kana soomuun kan jibbamu miti.

Inumaa akkaan kan jaallatamuudha.keesaumaa guyya salgaffaa isa guyyaa arafaa ta'e sana. (sharhii muslim 3:245)

Akka abii qataadaa irraa gabaafametti immoo ergamaan rabbii -nagaa fi rahmanni isaan irra haa jiraatuu- waa'ee sooma arafaa irraa gaafatamanii ni jedhan " yakka waggaa darbee fi kan dhufuu namarraa haqa." (sahiiha muslim

3. Qur'aana qara'uun

Akka ibnu mas'uud irraa gabaafametti ergamaan rabbii- nagaa fi rahmanni isaan irra haa jiraatuu- akkas jedhanii jiru " namni kitaaba rqbbii irraa aayaa tokko dubbise sababa sanaan mindaa argata. Mindaan toltuu tokkoo kudhaniin baayi'ifama. Alif-laam-miim jechuu an qubee tokko hin kedhu. Garuu alif qubeedha. Laamis qubeedha miimis qubeedha.(bukhaariin gabaaseera.)

4. Uduuhiyyaa qopheessuu

Rabbiin qulqullaa'aan akkas jedha " Gooftaa keetiif sagadii isaaf qali."(Al kawsar 2)

Akka Aa'ishaa irraa odeeffametti ergamaan rabbii ni jedhan " Hojiiwwan guyyaa Nahri(lidii adahaa) keessaa ilmi aadam dhiiga dhangalaasuu caalaa wanti jaallatamaan inni hojjetu hin jiru.Qalmattiinis guyya qiyaamaa qeemsaa fi rifeensa isiitiin ni dhufti. Dhiigni isaas osoo lafa hin gahin dura rabbiin bira gaha.kanaan lubbuu keessa gammachiisaa. (Tirmiziitu gabaase.)

Hubachiisa: Namni uduuhiyyaa qaluuf qophaa'e hanga uduuhiyyaa isaa qalutti rifeensaa qaama isaa fi qeensa isaa tuquu hin qabu.

Ergamaan rabbii akka ummu salamaa irraa gabaafametti " tokko keessan uduuhiyyaa qaluu yaadee guyyoonni kurnan yoo seenan rifeensaa fi qaama isaarraa tokkollee hin tuqin" jedhaniiru. (sahiiha muslim)

Guyyaa 9 ffaa zulhijjaa(arafaa)

caaltuu guyyoota dunyaati.guyyaa arafaaa caalaa guyyaan rabbi bitlratti caalaan hin jiru.

☀ guyyaa amantiin keessa guutee fi qananiin rabbii keessa dhangalaafameedha.

"Amantii keessan har'a isiniif guuteera, ni'imaawwan kiyyas isin irratti guuteeraAmantiis Islaama isiniif jaaladheera" suuraa maa'idaa 3) guyyaa kana bu'e.

☀ guyyaa gabroottaniif yakki dhiifamuu fi gabroonni ibidda irraa bilisa ba'anuudha.

☀ rabbii akka isaaf maluun dhihaatee gabroottan isaa hajjiif dachii arafaa irratti walitti qabamaniin malaa'ikota isaatti kan dhaaddatuudha.

☀ soomni guyyaa kana keessa godhamuu yakka waggaa darbeetiif kan dhufuus namarraa haqa.

☀ muslimni guyyaa kana keessatti qulqulleessee rabbiin qofa du'aa'ii kadhachuu qabadu'aa'iiwwan ergamaa rabbii irraa argaman bayy'ee barbaachisoodha. Caalaan du'aa'ii du'aaii kan guyyaa arafaa gidhamuudha.

#

Guyya kurnaffa zhul-hijja (Iidal Adaha)

* Salaata lidaa: Salaanni lidaa aduun ba'uu fi hanga xiyya olka'u ishe irra kaase hanga aduun dabdutti ykn Zuhrii dura xiqqootti kan turudha.

*gabiroottan bakka ibaadaa(lidaa) seenuu isaanii dura homaayyu hin nyaatan.

Takbira jechuun

Erga ji'i zul-hijjaa mul'attee kaasee iddoo fi bakka hundatti Takbiraa jechuun yoo argamullee, ta'us Takbiraan salaata booda masjiida hunda keessatti raawwatamu garuu salaata subhii guyyaa zul-Hijjaa 9ffaa irraa kaasee hanga guyya 4ffaa (Ayyama tashiriq) aduun galtutti(golgolooftutti) kan turudha.

SADARKAALEE GUYYOOTA 10(KURNAN) ZUL-HIJJAH

Guyyoota Rabbiin ittiin Kakate:-

Wantonni Rabbiin ittiin Kakatu wantoota sadarkaa Olaanaa qabaniidha. Sababni isaas Abbaan Sadarkaa Olaanaa qabuu Wanta Sadarkaa Olaanaa qabuun malee hin Kakatu. Rabbiin akkana jedhe:-

"Bariinin(Kakadha). Halkan Kuraniin.

Akka Beektonni Tafsiiraa Hedduun Jedhanitti Halkan Kurnan Sunneen Guyyoota Jalqaban Zuljhijjaati. Ibnu Kasiir " Kun Tafsiira Dhugaati" jedhaniiran.

Guyyoota Zikrii Keessatti Heddummeessuun Ajajame"

Guyyoota Beekaman

rabbiin ol ta'e akkas jedha" Bu'aalee isaanii irratti akka hirmaataniif, guyyoota beekamoo ta'an keessattis beylada irraa waan Rabbiin isaanii kenne irratti akka maqaa Rabbii dubbataniif (beeksisi) Al hajj 28.

Gaariiwwan Guyyoota Rabbii

Jaabir(RA) irraa Akka gabaafametti Nabbiyyiin(SAW) akkana jedhaniiran:-

Caaltuwwan Guyyoota Duniyaa Irratti Guyyoota Kurnan ji'a Zuljhijjaati .

Sahaabonnis " Ji'oota biraa Jihaada irratti Dabarsuus ni caaluu?" Jechuun gaafatan.